**Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)**

**National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)**

## Karoora fi Olola Kijibaan Warraqsi Ummataa Daandii irraa hin Maqfamu

***(Ibsa Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa Bilisummaa fi Dimokrasiif)***

Mootummaan Wayyaanee warraaqsa Itoophiyaa keessaa addatti ammo Oromiyaa keessatti dhoowuuf bokokee Qeerroon labsamee jiru soda irraa waan qabuu fi gadhiisu wallaaleera. Qalbii ummatoota biyyattii dhimma warraaqsaa irraa gara dabarsuuf jecha mata duree olola haaraa tolfatee afarsuu akka tooftaa cimaa tokkotti fudhatee wacabbaraa jira. Dhimmi hidha laga Abbayyaa yeroo kanatti yoo ka'e dafee qalbii ummatootaa hawatee warraaqsa dhalachuuf malu hambisa jedhee dhama'aa jira. Siyaasaan Abbayyaa umrii bara dheeraa qaba waan taheef isa kana yoo qabatee wayta kanatti afarse salphaadhumatti qalbii ummatootaa gara dabarsuu caalaa, saamicha maallaqaa guddaas hiree kanaan geggeeffachuu akka danda'u herregatee biyya keessaa fi alatti duulaa jira. Dhimmuma hidha laga kanaan wal qabsiisee dirqiin ummata hiriira baasuu fi dargaggoota loltummaaf kaadhimachuunis muddama sirnichi keessa jiru mul'isa.

Sirnichi duula ololaa kana cinaadhaan ammoo warra fincila kaasuu malu jedhee sadarkaa duraatti sodaatu adamsee shakkiidhaan qabee hidhuus itti fufeera. Gama kanaan akka diina innikkaatti fudhatee kan irratti duulaa jiru ammoo ummata Oromoo, addatti ammoo barattootaa fi barsiisota Oromoo ti. Wayyaaneen diinummaa addatti ummata Oromoof qabu dhoksuuf haa tattaafatu malee, qaamonni idil addunyaa kan akka *Human Rights Watch* fa'a duula sirni Mallas Zeenaawii ummata Oromoo dursee kophaatti rukutuuf geggeessaa jiru qorannoo mataa isaanii irratti hirkatanii ragaa bahuu irratti argamu.

Yeroo ammaantanaa yuniversiitiilee fi kooleejotni akkasumas manneen barnootaa Oromiyaa keessaa hundi sirnicha biratti ija soda fi shakkiitiin poolisootaan marfamee eegamaa jiru. Yuniversiitiilee Oromiyaan ala jiran keessattis taanaan barattoonni dhalootaan Oromoo tahan ija sodaatiin hordofamaa fi eeguma humnoota tikaa fi poolisa dhaalootaan Tigiroota tahaniin eegamaa jiru. Odeessonni tokko tokko akka hubachisaa jiranitti inumaa Wayyaaneen caasaa sirna isaa maqaa OPDOtiin sosso'u illee amanuuf sadarkaa rakkachaa jiru irratti argama. Ummnni Oromoo sirna kana waliin gonkumaa dugdaa fi garaa tahuu isaa sirnichumti tarkaanfii hidhaa fi doorsisaa hammeessuudhaan mirkaneessaa jira. Ummanni Oromoos gama isaatiin, olola sirnichi maqaa hidha laga abbayyaa qabatee caraanaa jiruun afanfaajjawee qabsoo farra mootummaa kanaa irraa gonkumaa kan hin dagamne tahuu karaa hedduun agarsiisuu irratti argama.

**Email contact: -** qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa

Sirni Wayyaanee torbaan dabarsine keessa dabballoota isaa Kaaba Ameerikaatti bobbaasee bakka hundattuu dhalattoota biyyattii biratti mormii guddaa mudatee salphina aguuggate. Garaaf-bultoota qubaan lakkaawaman irraa kan hafe dhalattoonni Itoophiyaa hundi Oromoo, Amaara, Ogaadeen, Sidaamaa, Gaambeellaa osoo hin jenne hiriira mormii waloon qopheessaniin diddaa mootummaa Wayyaaneef qaban dabballoota sirnichaa kan achitti argaman qofa osoo hin taane addunyaatti illee agarsiisuu danda'anii jiru. Bobbaan dabballoota Wayyaanee bu'aa siyaasaa abjootee jalqabame kun salphinaa fi hoongawiinsa kana fakkaatuun xumurame. Salphina biyyoota alaatti mudate kana ummanni biyya keessaa akka hin dhageenyeef jecha tamsaasota raadiyoo akka VOA, DW, SBO fi kan biroo haala duraan ukkaamsaa ture caalaa daranuu akka hin dhagahamne gochaa jira. Ummata biyya keessaa fi kan alaa quba wal dhabsiisuuf abjoota. Tajajillii Internetaa fi Telefoonaas erga warraqsi dargaggoota fi barattootaa Oromoon labsamee mootummichaan cufamaa banamaa walumaa gala jeequmsa keessaa seenee jira. Haa tahu malee bardhibbee kanatti tooftaa gowwummaa akkasiitiin ibidda biyya keessa sirna isaa gubee dhabamsiisuuf karaa jiru hambisuu akka hin dandeenye Wayyaaneen waan galeef hin fakkaatu.

Imaammata qoqqoodanii bituutti akka milkaawetti kan of hubataa ture sirni farra bilisummaa fi demokraasii kun, biyyoota alaatti sabaa fi sablammoonni garaagarummaa gidduu isaanii dhiphisanii waloon hiriira mormii bahuu danda'uun akka isa rifaasise hin shakkamu. Hiriirri mormii fakkaataan ummatoota biyya keessaa hunda waliin hirmaachisu dhugoomuu caalaas waan sodaatu hin qabu. Kunis waan isaaf oolu tahuuf hin jiru. Dargaggoonni Oromoo maqaa **Sochii Dargaggotaa Biyyooleessaa Bilisummaa fi Dimokrasiif gababaatti ammo Qeerroo** jedhuun biyya keessatti of gurmeessanii saboota cunqurfamoo biroo waliin harka wal qabatanii fincila farra sirna Wayyaanee geggeessuuf ol ka'uu isaanii labsachuun kanaaf ragaa guddaa tokko. Warraaqsa dargaggotni Oromoo labsani kaán kana ukkamsuuf shiroota dhuma hin qabne itti dhimma bahuu yaalaa jira. Ololoota adda addaa barattootaa fi dargaggoota keessa facaasuu, dargaggootaa ijoo tahan yuniversitiilee adda addaa keessaa qabee hidhuu, dargaggota hagoo mallaqaan bituu yaaluu, quunnamtii isaanii giduu seenuun warraaqsaaf akka dhaabbate fakkeessee yeroon isaa hin geenye kkf jechuun warraaqsa dhohee of irraa qabaneessuuf tattaafatuu yaalee jira. Isaan kun hundi dargaggotaa fi barattootaa akkasumas ummata kan boodatti deebisan akka hin taane mirkaneessuu barbaadna.

Waggoottan digdamman dabran keessatti akka Oromootti kan diinomfatamee irratti duulame hin jiru tahu illee, saboonni biroon biyyattiis hireen isaanii kana irraa adda hin turre. Ummanni Oromoo sirna kana jalatti hiraara mudate tarrisanii fixuun gonkumaa hin danda'amu. Jecha gabaabaadhaan Oromoon biyya isaa Oromiyaa irratti diinota fagoo irraa itti dhufaniin toora namummaatii baafame. Oromoon sirna kabajaa namummaa isaa salphisee fi qabeenya isaa saamee qullaatti hambise kana of irraa kaasuuf falmachuu malee furmaata homaatuu harkaa hin qabu. Dargaggoonni Oromoos dhugaa kana hubatanii tu gurmuu jaarratanii fincilaaf ol ka'aa jiran waan taheef tumsa qaama hawaasa Oromoo maraa fi saboota biroo madaa wal fakkaataa qabanii argachuun barbaachisaa dha. Yerichi yeroo itti waca olola Wayyaaneetiin afanfaajjawanii callisan osoo hin taane, wayta itti muratanii sirna nama nyaataa kana yeroo xumuraaf dhabamsiisuuf harka wal qabatanii wareegama baasuuf qophaawani.

Warraaqsota Kaaba Afriikaatti geggeeffamanii abbootii irree qaarsisuu danda'an irraa mooyxannoo hin dulloomne dhaaluudhaan **fi muuxannoo FDG bara dheeraa dargaggootni Oromoo horataniin** seenaa mataa ofii biyya ofii irratti galmeeffachuuf gurmuu jabeeffatanii ka'uun gaaffii yeroo ti. Ummanni Oromoo akkuma wayyabummaa fi bal'ina qubsuma isaatti qabsoo farra abbaa irree jalqabee jalqabsiisuuf, qabsaawee qabseessuuf hamilee fi gahummaa guutuu itti qaba. Ummanni Oromoo wayyabummaa Gaanfa Afriikaa keessatti qabuun Itoophiyaa birayyuu dabree abdii bilisummaa fi demokraasii ummatoota hirkoo-dhabilee gaanfichaa maraa tahuu isaa mirkaneessuuf of qopheessuun fardii dha. Jalqabbiin dargaggoota Oromoo qaamota hawaasa hundaa fi akkasumas, sabaa fi sablammoota mara hammatee galii kana akka dhugoomsus shakkiin hin jiru!

Sochiin fi Warraaqsi jijjiirraa sirnaa gaafatu kunis galii isaa osoo hin rukutne akka hin dhaabbatne hubachiifna. Galii isaa osoo hin rukutnees dhaabbatuu hin qabu. Dargaggootni fi baratootni, murni hawaasaa hundi, sabootni fi sablammmootni hundis kana hubatanii iyya labsii labsanii jijjiirama sirnaa kanaaf sochoúun dirqama seenaa fi kan filmaata hin qabne dha.

Olollii fi Karoorri Kijibaa Mootumaa Wayyaanees Warraaqasa Jijjiirraa Sirnaa Gaafatu kana Daandii isaa irraa hin Maqsuu.

Qeerroo Kaiíi!

Ebla 17, 2011